Oromo | Afaan Oromoo

# Wiirtuuwwan Kununsa Sadarkaa Duraa Dursi Kennamuuf

## Hatattamaan doktora bira deemuun si barbaachisaa?

Wiirtuuwwan Kununsa Duraa Dursi Kennameef (PPCC) nama miidhaaleen yookaan dhukkuba hatattamaa irra gahe kamiifuu wallaansa tola ni kennu.

Hakiimonni PPCC kutaa balaa tasaa hospitaala jiru caalaa dafanii wallaansa isin barbaachisu akka argattan isin gargaaru.

Haalota akka infekshinoota salphaa, gubaawwan xixiqqoo, micciiramuu yookaan lafeewwan cabatti shakkaman yaaluu danda'u. Tajaajilawwan PPCC paatolojii, raadiyooloojii fi faarmaasii of keessatti qabata.

**Yoo miidhaan cimaan yookaan dhukkubni si mudate, Zero Sadii (000) bilbili. Yoo kunuunsa hatattamaa si hin barbaachifne, doktora kee isa idilee wajjin beellama qabadhu.**

Tajaajilawwan PPCC nama hundaaf tola kennama, kaardiin Medicare qabaachuus ta'e osoo hin qabaatin.

Turjamaanotni PPCC irratti argamu. Tajaajila Hiikkaa Barreeffamaa fi Turjumaanaa TIS Biyyaalessaa 131 450 irratti bilbili.

**Bakkeewwanii fi odeeffannoo dabalataaf Chaanaalii Fayyaa Fooyya'aa (Better Health Channel) daawwadhaa:**
**betterhealth.vic.gov.au/priority-primary-care-centres**

TIS TRANSLATING AND INTERPRETING SERVICE

phn VICTORIAN-TASMANIAN ALLIANCE
An Australian Government Initiative

VICTORIA State Government